# سُورَةُ الشَّرۡحِ
# Suuraa Inshiraahg

*Dura dursoo suuran tun{ suuratul`inshiraahg}je'amti — قبل كل شئ هذه هي سورة الإنشراح

*Isiin suuraa makkaati . — وهى سورة مكية

*Aayaanni isi'ii saddeeti — وآياتها ثمان

*Lakkooysi isi'ii sagaltamii afuri — وعددها أربع وتسعون

*Isiin,eega suuratu duhgaadhatii buute — نزلت بعد سورة الضحى

*Jalqabni , maqaa,Rabbii rahgmata qabuutii. — بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

أَلَمۡ نَشۡرَحۡ لَكَ صَدۡرَكَ ﴿١﴾

**1}***Si qoma { laphee } tee, nuti siin bal`ifnee ,akka ,beekkomsa, heddu`uufii . iimaana gudda`aafii ,wahgyi`iifii ,haala gaarii hundaaf ,bal`attu, goonee hin bal`ifnee hgikma`aan qalbii tee, hin guunnee jechu, takkaa ma`naan isaa sii xiqqa`aa qalbii tee baqaysinee hin xahaarsinee,waan hamtuu hundarraa hin qulqulleessinee? hikma`aan hin guunne.

وَوَضَعۡنَا عَنكَ وِزۡرَكَ ﴿٢﴾

**2}***Ammas nuti dilii hundarraa sin tiysinee? sin qulqulleysinee,irraa sin xahaarsinee?.

ٱلَّذِيٓ أَنقَضَ ظَهۡرَكَ ﴿٣﴾

**3}***Dilii odoo sitti argamtee dudda si kuttu, takkaa si caphsitu, yookaa sitti ulfaattu hundarraa si qulqulleysineen jirruu?.

وَرَفَعۡنَا لَكَ ذِكۡرَكَ ﴿٤﴾

**4}***Ammas maqaa kee, sii ol fuunee hin jirruu? maqaa kee,maqaa keenyatti qindeesinee ,shahaadaa lamaanifii, azhaanafii iqaamaa keessatti ,akkasuma rahgmataafii ,nagaya sirratti buusuu hin wajjabsiifnee? Salaatafii,khuxbaa keessatti , kan bakka maqaan keenya dhawametti maqaan kee dhawamuu takkaa dubatamuu hin oolle, ammas shafaakgaa guyyaa qiyaama`aa sii kenninee si guddifnee hin jirruu? yaa ergamaa kiyyaa Muhammad ,Duuba wanni Rabbiin kee sii kenneefii, kan sii kennu`uu taa`u, asii asii mitii,tanaaf jecha rakkoon kuffaarri si rakkisu,sin yaachisinii, obsi, rakkoo tana keessaa ,bal`oodhatti bayu`uu jiraattaa, diinan islaamaa bakka gayu`uu jiraataa, eega rakkatee bal`ataa.

فَإِنَّ مَعَ ٱلْعُسْرِ يُسْرًا ﴿٥﴾

**5}***Maalif waan rakkoo taye hunda bal`in-aatu duuba jiraa .waan jabaate mara laafi-naatu maayyii jiraa,yoo ar`a jabaatte boru ni laaftii.

إِنَّ مَعَ ٱلْعُسْرِ يُسْرًا ﴿٦﴾

**6}***Ammallee siifan itti deebi`aa jab eenya laafi naatu wajji jiraa,wanni kuffaarri ak-katti sitti dalagu,sitti ulfaattee ,dudda sin kutin, dhugumaan nabi Muhgammad makka keessatti rakkoo jabduu rakkate, maalif ? kuffaarri makkaa gama tok-koon nabi muhgammad miidhan ,gama kaanin warra isatti amane, karaa hun-daan miidhan. kana hidhanii, kaan tumanii, dabranii gosa nabi Muhgammad mara wixii itti muran, gola takka, tan ganda makkaa keessa jirtutti naqanii achitti ittisan, tan nam tokko ittin seenne, kan irraan binne ,kan ittin gurgurre, kan irraan fuune, kan ittin heerumsiifne ,maalif ? Muhgammadiin wajji dhaa-bbattani`iif,gosa isaa hunda, islaamafii kaafirallee wixii itti muranii, ganda sa-nii gad bayuu kutan takkaa dhoowwan ,ilaaltuu irra kaayanii kan waan nyaataa ,hanga namni jaala isaanii dhoysa`aan itti geessu malee,hin arganne,amata sadii cufa beelan taa'an, obsanii,baala mukaatifii gogaa nyaatanii,duuba isaanii akkasitti rakkoo san keessa jiru Rabbiin suuraa tana buusee ,rakkoo tana keessaa baatanii beekhaa je`ee , isaan abdachiise, kan akkuma isaanin je`etti, Rabbiin nabi Muhgammad gargaaree ,kuffaara akkasitti isaan ,miidhe sanirra ,isaan aansee ,nabi Muhgammadiifii, warra isatti amane, rakkoo keessaa bal`-oodhatti baase, makgnaa kanaa walalo`oon fidee akkin je`e

**{eega rakkoodhatii bal`otti bayanii,**
**yoo ar`a hiyyooman boru ni quufanii}.**

فَإِذَا فَرَغْتَ

*Rabbiin karaa rakkoo jalaa bayananiin nabi Muhammad qajeelchee akki je'een; hoggaa nama waa barsiisu`urraa, takkaa dalagaa ir-raa hin duroomnerraa raaw`ate,

فَٱنصَبْ ﴿٧﴾

**7}***Jaatanii ibaada`aatin if dhibii dhaabb-adhu takkaa ma`naan isaa: hoggaa salaata-rraa raaw'atte du'aa'iidhatti ka`ii jabaadhuu,Rabbii khakhadhu du`aa`in salaata booda ni qeebalamtii akka nabi Muhammad {nageenyi isarratti haa jiraatuu} du`aa`ii tamtu irra qeebalama jennaanin ta salaata boodati je`e.

وَإِلَىٰ رَبِّكَ فَٱرْغَب ﴿٨﴾

**8}***Yaada kee, gara Rabbii gara galchi, hulaa isaa dhaabbadhuu, isuma khajeeli ,qalbii isa malee waan birattin rarraasin.